Journal of Universal Sciences and Technology,
Vol: 2 (2). P: 1-30, July 2023
Available online: http://just.dadu.edu.et
Research Paper

Ijaarsa Eenyummaa dhuunfaa Geerarsa Oromoo Keessatti

Waaqgaarii Tasfayee[1*], Waaqtolaa Waaqjiraa[2*], Guddataa Abdiisaa[3*]

[1]Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu,Yuunivarsitii Mattuu
Email: wakgari20@gmail.com
[2]Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Wallagga University
Email: waktolawakjira@gmail.com
[3]Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Wallagga University
Email. gudetaabetu@gmail.com

AXAREERA

Qorannoon kun Ijaarsa Eenyummaa Dhuunfaa Geerarsa Oromoo Keessatti kan jedhu irratti geggeeffame. Kaayyoon ijoo qorannichaas geerarsi Oromoo haala ittiin eenyummaa dhuunfaa ijaaru xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsaa ta'ee, maddi ragaa qorannichaas madda raga tokkoffaafi lammaffaadha. Ragaaleen qorannichaa Oromoo Maccaa keessaa aanaa Giddaa Ayyaanaa, Gachii, Jimmaa Gannatiifi Waayyuu Tuqaa irraa funaaname. Raghimtoonni qorannichaa jiraattota aanalee kana keessaa warreen geerarsa irratti hubannoo qaban maanguddootaafi dargaggoota mala iddatteessuu kaayyeffataafi darbaa dabarsaan iddatteeffamanidha. Ragaaleen kunis daawwannaa, marii gareefi afgaaffiidhaan funaanaman. Geerarsoonni eenyummaa dhuunfaa ijaaruuf oolan kunis meeshaalee funaansa ragaalee garaagaraa kanneen akka suuraa kaasuu, suursagalee waraabuu, sagalee waraabuufi yaadannoo dirree qabachuutiin funaanamanii jiru. Geerarsoonni kunis yaaxxinnoota galumsaa, tajaajilaa, goleewwaniifi ijaarsitoota haala hawaasaan xiinxalamaniiru. Geerarsoota funaanaman keessattis eenyummaa hiyyummaa keessaa ba'uuf tattaafachuu, sadarkaa hawaasa keessatti qaban ibsachuu, beekamtii qabaachuufi kaka'umsa hojii namni tokko qabaachuu qabu akka ijaaramuu danda'u bira ga'amee jira.

***Jechoota ijoo**: Geerarsa, eenyummaa, eenyummaa dhuunfaa, ijaarsa eenyummaa*

How to cite: Waaqgaarii Tasfayee, Waaqtolaa Waaqjiraa, Guddataa Abdiisaa (2023). Ijaarsa Eenyummaa dhuunfaa Geerarsa Oromoo Keessatti. Journ. Univer. Scien & Techn.. Vol:2(2), Page:1-30.

SEENSA

Wantoota dhalli namaa kalaqee itti fayyadamu keessaa ogumoonni garaagaraa eenyummaa hawaasichaa calaqqisiisuu keessatti ga'ee ol'aanaa qabu. Aguilar (2016) akka ibsutti, ga'ee fooklooriin eenyummaa sabummaa calaqqisiisuu keessatti qabu hariiroo walitti dhufeenya gareewwan sadan og-barruu, fooklooriifi eenyummaa sabummaan waliin qabaniin murtaa'a. Kana jechuun, eenyummaan hawaasa tokkoo fooklooriifi ogbarruudhaan

ibsamuu nidanda'a. Isaan kana sadan keessaa lamaan isaanii waljala darbuudhaan walitti hidhamanii eenyummaa hawaasa tokkoo ijaaruu keessatti ga'ee adda addaa taphatu. Hayyuun kun ogbarruufi fookloorii yookaan eenyummaan inni tokko isa kan biraa waliin walitti hidhamee eenyummaa ijaaruu keessatti ga'ee ni qabaata haa jedhuyyuu malee hundi isaaniiyyuu walitti hidhamanii akka calaqqee eenyummaa hawaasa tokkootti tajaajilu.

Dhalli namaa sirna adda addaa uumee jiruufi jireenya isaa ittiin qajeelfata. Akkaataan jireenyaa kun fooklooriin ibsama. Hata'u malee, qorannoon fookloorii kun hanga jalqaba jaarraa 19ffaatti kan biyyoota Awuroophaa irratti xiyyeeffata (Aguilar, 2016). Akka hayyuun kun jedhutti hanga jaarraa kudha salgaffaatti biyyoonni hedduun fookiloorii qabu garuu akka inni faayidaa qabu hinbeekani. Kan qorachaa tures hayyoota Ardii Awurooppaa akka ta'e eera.

Akka Boyles (2012) ibsitutti, hawaasni fooklooriitti baay'inaan fayyadamu hawaasa siyaasaan dhiibamedha. Afriikaanota Ameerikaa jiraatan fakkeenya fudhachuudhaan hawaasa Afriikaa biyya Ameerikaa keessatti miidhamaa tureef fooklooriin meeshaa ittiin of ibsu ta'eera jetti. Haalli kun biyya keenya keessattis keessumaa hawaasa Oromoo biratti baay'inaan hojii irra kan ooluufi kan hawaasichi haala siyaasa, amantii, ilaalchaafi eenyummaa isaa ittiin ibsatudha.

Hariiroon yaada eenyummaafi fookloorii hayyoota saayinsii hawaasaafi namoomaa biratti beekamtii erga argatee bubbuluu isaa Dundes (1983); Bauman (1972); Oring (1994) ibsaniiru. Namoonni kunis eenyummaa hawaasaafi fookilooriin hidhata akka qabu ni ibsu. Kunis, eenyumaan hawaasa tokkoo kan inni hundaa'u fookloorii, fakkoommiiwwan adda addaafi wantoota aadaa hawaasichaa ijaaruu danda'an garaagaraa dagaagsuu irrattidha.

Akka ilaalcha garee muraasaatti, eenyummaa ofii ibsachuun akka waan eenyummaa kaan miidhuu, eenyummaa ofii eenyummaa garee biraa caalchisuufi akka boodatti hafummaatti haa ilaalamu malee, waa'een eenyummaa sadarkaa addunyaatti xiyyeeffannoon kan itti kennamee jirudha. Akka Aldis (1997) qorannoo isaa '*Folklore and Identity'* jedhu keessatti ibsetti, yaanni eenyummaa jedhu addunyaalessa ta'uu isaafi adeemsa waliigalaa qabiyyee akkaataa jireenya hawaasa tokkoo ibsuu ofkeessaa kan qabudha. Kana irraa wanti hubatamu yaanni eenyummaa jedhu kun addunyaa kana keessatti fudhatama kan qabuufi hawaasni kamiyyuu eenyummaa isaa

calaqqisiisuun adeemsa jiruufi jireenyaa ta'uu isaati. Mallattoolee eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf gargaaran keessaa akka waliigalaatti fookloorii addattimmoo afoolli hawaasni tokko itti fayyadamu ga'ee guddaa qaba.

Kan Oromoos yoo ilaalle hayyoonni hedduun kanneen akka Cerulli (1922); Bassi (2005), Hultin (1987); Knutsson (1963); Lewis (1964); Sumner (1996); Huntingford (1955); Tesema (1980; 2006); Gemechu (1993); fi kanneen biroo hedduun dhimma Oromoo irratti qorannoo geggeessaa turaniiru. Isaan kana keessaa immoo kanneen akka Cerulli (1922); Sumner (1996) fi Bassi (2005) fi fookloorii Oromoo irratti qorannoo adda addaa geggeessaniiru. Isaan kun fookloorii Oromoo irratti qorannoo haa geggeessan malee dhimmoota hawaasaa keessaa baasuu caalaa qorannoon isaanii galmeessanii olkaa'uu irratti kan xiyyeeffatedha.

Gara qorannoo afoolaatti yoo deebinu garuu, jaarraa 19ffaa keessa hiikni afoola Afriikaa irratti kennamaa ture afoolliyyuu hafee afaanotumti Afriikaayyuu aartiidhaan kan hindagaagne, xiinqooqni isaa kan hin qoratamne, caasaa laayyoo kan qabuufi hanqina hiika jechootaan kan guutedha jedhamaa ture (Tesfaye, 2019). Haa ta'u malee, afoolli Afriikaas akkuma afoola addunyaa kanneen biroo jiruufi jireenya hawaasaa calaqqisiisuuf kan ooludha. Haaluma kanaan, afoolli hubannaa hawaasaa ifa baasuufi jireenya hawaasa tokkoo kallattii hedduun agarsiisuu kan danda'uufi humna kan qabudha.

Ijaarsi eenyummaa dhimmoota adda addaa waliin hidhata qaba. Afoolli Oromoo waa'ee biyyaa, sabboonummaa, amala dhuunfaafi amala waloo hawaasni barbaadu calaqqisuu ni danda'a. Kanaafuu, eenyummaa ijaaruun sabboonummaa ijaaruu of keessatti hammata. Akka Oromootti immoo sabboonummaan Oromummaadha. Uummanni Oromoo sabboonummaa isaa kabajachaa, eenyummaa isaa kunuunfachaa, fuuldurri isaa maal akka fakkaatu eeggatee jiraachuu barbaada. Akka Coposescu (2011) tti, ijaarsi eenyummaa dhuunfaafi waloo jedhee bakka lamatti qooda. Akka Asefa (2007) immoo ijaarsa eenyummaa dhuunfaa, gareefi waloo jedheetu bakka sadiitti qooda. Haaluma kanaan, gosoonni eenyummaa sadeen kun haala jiruufi jireenya Oromoo keessatti kan calaqqisandha. Kanaafuu, qorannoo kun haala ittiin geerarsi eenyummaa dhuunfaa ijaaru irratti xiyyeeffachuun geggeeffame.

Ulaagaaleen arfan ijaarsa eenyummaa keessatti ga'ee guddaa taphatan ilaalcha, qo'annoo seen-hawaasaa, ogbarruufi afaan

warreen ijoodha (Kannapurany, 2016). Kana jechuun, waan hawaasni tokko fakkaatuufi akka inni itti yaadu, akkasumas dhiibba irra ga'e qorachuun yoo barbaachise ilaalcha, seenaa hawaasichaa, afoola, ogbarruu isaafi afaan isaa qorachuun akka danda'amudha. Akka Tesfaye (2019) ibsuttis, adeemsi jijjiirama hawaasa tokkoo afoola yookaan oguma afaanii isaa irraa gargar ba'ee ilaalamuu hindanda'u. Sababni isaa wantoonni hawaasni tokko qabu kan eenyummaan isaa keessatti kuufamee jiruufi eenyummaa isaa ittiin bocatu afoola isaa akka ta'edha.

Hayyoonni dirree qorannoo saayinsii hawaasaafi namummaa adda addaa walakkaa jaarraafi isaa olii darban keessatti gaaffiilee waa'ee eenyummaaf fedhii cimaa qabaachaa turan (Gleason 1983; Oring, 1994; Jones, 1997). Yaadni eenyummaa yeroo ammaa, xiinsammuu irraa fudhatame, qorannoo hawaasaa keessatti ijaarsa hawaasaa yeroo dhiyoof yoo namoota baay'ee biratti beekameyyuu hedduu walxaxaadha. Miirri eenyummaa keenyaa yeroo ammaa akka jecha saayinsii hawaasaatti bal'inaan dhimma itti ba'amuu kan eegale baroota 1950 keessa qofa ture. Kunis irra caalaa yaadrimee kufaatii eenyummaa kan xiinxalaan sammuu Swedish-American ta'e Erikson jedhamu bu'uuresse irraa fudhatame (Gleason 1983 fi Fearon 1999). Akka yaada kanaatti dhiibbaa alaafi keessaatiin akka hawaasni tokko eenyummaa isaa tuffatu yookaan jibbu wayita taasifamuu eegalu eenyummaa hawaasa tokkoo irratti qorannoo geggeessuun eegalame jechuudha.

Eenyummaan dhuunfaa kan miira itti fufiinsa dhuunfaa irratti hundaa'uufi kan miira itti fufiinsaa mataa isaatiif shoora taphatu amala murtaa'aa nama dhuunfaa ibsa. Kunis amalaafi hiika namni tokko raawwachuu amaleeffaterraa ijaarama. Miseensi amalawwan kanneenis waan mul'ataa; akkasumas, waan qindaa'aa jijjiiramu kan nama dhuunfaa ofkeessaa qaba. Wanti waan qindaa'aa ta'e ijaaru amala nama tokkoo ijaaruufi nama tokko nama biroorraa adda baasuu danda'u, amalawwan nama tokkoo kan bu'uura ulfinaa yookiin ofkabajuu isaa yookiin ishee uumudha. Kanaafuu, eenyummaan dhuunfaa muuxannoo addaa nama dhuunfaa, akkasumas, kan gareen waliin qaban kan xiinsammuu nama sanaa ijaarurraa uumamuu danda'a (Oring, 1994).

Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun mataduree ijaarsa eenyummaa dhuunfaa geerarsa Oromoo keessatti jedhu irratti kan geggeeffamedha.

Qorannichi gosaan akkamtaa ta'ee dhihaannaa qorannoo sanyaabsaan kan geggeeffamedha. Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammafaadha. Maddoonni ragaalee kunis maanguddootaafi barreeffamoota hin maxxanfamnedha. Haaluma kanaan aanaalee afur irraa ragaan qorannoo kanaa funaanameera. Aanaalee sadanii (Giddaa Ayyaanaa, Gachiifi Jimmaa Gannatii), bakka gadi fageenyaa ragaan keessaa fuunaname keessa ji'a torbaafi torban lama (tokkoo tokkoo isaanii keessa ji'a lamaafi torban lama lama) fi aanaa tokko (Wayyuu Tuqaa) kan ragaan dabalataafi gabbisaa keessaa funaaname keessammoo torban lama turuun ragaan funaanamee jira.

Iddattoon qorannoo kanaas aanaa Gachii irraa Namoonni 19, Aanaa Giddaa Ayyaanaa irraa namoota 18, Aanaa Waayyuu Tuqaa irra namoota 10 fi Aanaa Jimmaa Gannatii irraa 18 irraa ragaan funaanamee jira. Iddattoowwaan tooftaalee iddatteessuu Kaayyeffataafi darbaa dabarsaan filataman. Tooftaa kaayyeffataatiin bakkeen ragaan irraa sassaabame, raghimtoota ijoofi hojjettoonni Waajjira Aadaafi Tuurizimii kan filataman yoo ta'u darbaa dabarsaan immoo maanguddootaafi dargaggoonni geerarsa irratti beekumsa qaban filatamanii jiru.

Malleen funaansa ragaalee qorannichaa daawwannaa, marii garee xiyyeeffataafi afgaaffiidha. Malleen funaansa ragaalee keessaa daawwannaan tokkodha. Mala kanaan wayita hojiilee adda addaa (Buna funaanuufi jala ciruu, midhaan haamuufi calleessuu, mana ijaaruu, sirna gaa'elaa fi daagaan hidhamu) keessatti yeroo hirmaatan geerarsa isaan geerarantu daawwatamee ragaan fuunaname. Ragaa daawwannaan argame irratti kallattiifi hubannoo dabalataa adda baasuuf mariin garee xiyyeeffataan geggeeffamee jira. Itti dabalees, hubannoo, beekumsaafi fedhii maanguddoonnifi dargaggoonni geerarsa irratti qabaniifi haala isaan ittiin geeraran, dabaree walii kennaniifi waljalaa cookan hubachuuf afgaaffiidhaanis ragaan funaanamee jira.

Ragaalee Malleen galmeessa ragaalee garaagaraa kanneen akka yaadannoo dirree, waraabbii sagalee, suursagaleefi suuraa kaasuutti dhimma ba'eemera. Ragaaleen bifa kanaan galmeeffaman yaadxina galumsaa, tajaajilaa, goleewwaniifi ijaarsitoota bu'uureffachuun xiinxalamee jira. Ragaaleenis battaluma funaanaman gara bareeffamaatti jijjiiramaa adeemani. Kunimmoo, ragaaleen mala galmeessa ragaalee garaaragaan funaanaman haalota keessatti geerarame waliin akka barreeffamatti jijjiiramaniif gargaareera.

Kana malees, qorataan wantoota yeroo barreeffamatti jijjiiru hubachuun rakkises guyyaa itti aanu qulqulleeffachuuf gargaaree jira.

Afoola Oromoo keessaa geerarsi funaaname gara barreeffamaatti erga jijjiiramee booda akkaataa yoomessa isaa, eenyummaa ijaaruufi ibsuun; akkasumas, qabiyyee qeerarsa eenyummaa ijaaruun erga qoqqoodamee booda koodiin itti kennamee ergaafi faayidaa isaanii bu'uureffachuun xiinxalameera. Adeemsa kana keessatti qorataan ragaalee barreeffamatti jijjiiraman yaadannoo qabachaa irra deddeebiin erga dubbisee booda ijoo isaa adda baafate. Ijoo isaa immoo guyyaa dabalataa fudhachuun raghimtoota waliin marii'achuun sirruummaa isaa mirkaneeffatee koodiin itti kenname. Koodii kenname irratti hundaa'uun yaadrimee adda addaa bu'uura taasifachuun mataduree adda addaatti erga qoqqoodee booda geerarsoota Oromoo eenyummaa dhuunfaa ijaaran xiinxalee jira.

Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

Eenyummaa Dhuunfaa

Eenyummaan waan namni tokko, wanti tokko, biqilaafi bineensi ittiin adda ba'anii beekamanidha. Akka kutaa kanaatti immoo eenyummaa dhuunfaa kan jedhamu ilaalcha, ejjennoo, amala, fedhii, jaalala, jibbaafi kanneen kana fakkaatan namni tokko akka dhuunfaa isaatti qabudha. Akkaataa ittiin namni tokko ofii isaa ilaaluufi nama biroo ittiin ilaalu yookaan ibsuu wajjin kan walqabatudha. Wanti waan qindaa'aa ta'e ijaaru amala nama tokkoo ijaaruufi nama tokko nama biroorraa adda baasuu danda'u, amalawwan nama tokkoo kan bu'uura ulfinaa yookiin ofkabajuu isaa yookiin ishee uumudha. Kanaafuu, namni tokko bakka hawaasa keessatti qabu yoo ibsate eenyummaa isaa ibsachuudha jedhama. Akka Hewitt (1994) ibsutti, eenyummaan dhuunfaa of ta'uu ykn yaada "ani, ana" jedhu of keessatti hammachuun hundeeffamaa deemuu yaada sanaati. Haaluma kanaan geeraraan kunis nama akkamii akka ta'e 'ani' 'ana jechuudhaan eenyummaa isaa ibsachaa jira.

Eenyummaan dhuunfaa akkaataa ittiin namni tokko hawaasa keessatti of agarsiisiisuufi namni biroo isa hubatuu wajjin kan walqabatudha. Eenyummaan dhuunfaa of-ibsuu ta'ee kaayyoo eenyummaa ofii itti fufsiisuu, addeessuu, haala jiru keessatti jiraachuu ofii ittiin ibsaniidha (Giddens, 1991). Kana malees, eenyummaan dhuunfaa muuxannoo addaa nama dhuunfaa, akkasumas, kan gareen waliin qaban kan xiinsammuu nama sanaa ijaarurraa uumamuu danda'a. (Oring, 1994).

Kana jechuun hawaasa keessa jiraatan keessatti waan fakkaatan calaqqisiifachuufi walii calaqqisiisuudhaan kan ibsamudha. Eenyummaan dhuunfaa kunis gama dinagdeen, haawaasummaafi siyaasaan ibsamuu ni danda'a. Kana jechuun, dinagdeen nama tokkoo akka dhuunfaa isaatti, hariiroo namni tokko jireenya hawaasummaa keessatti qabuufi ejjennoo siyaasa isaa akka eenyummaa nama sanaatti ibsamuu ni danda'a.

Hiyyummaa Keessaa Ba'uuf Tattafachuu

Jalqaba irratti kallattii dinagdeetiin yeroo ibsamu, haala jireenyaa irra jiran, waan ta'uu hawwan, waan keessa jiraniifi abdii gara fuulduraa geerarsaan ibsachuun amala geerarsaa keessaa tokkodha. Geerarsi sadarkaa namni tokko hawaasa keessatti qabuufi maal akka fakkaatu ibsuu keessatti ga'ee qaba. Eenyummaa namni dhuunfaa qabuufi hubannoo inni jireenyaaf qabu geerarsaan ibsamuu ni danda'a. Keessumaa geerarsi miidhaa hiyyummaan nama irraan ga'uufi carraaqqiin namni tokko jiruufi jireenya keessatti qabaachuu qabu agarsiisuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Kana keessatti haala geerarsi sun keessatti geeraramu hubachuuf yaaxxini haalawaa, faayidaa geerarsi ijaarsa eenyummaa keessatti qabu xiinxaluuf yaaxxina faayidaalessummaafi akkaataa geerarsi eenyummaa ijaaruuf ooluuf immoo yaaxxinni ijaarsitoota haala hawaasaa hojii ooleera.

Qoqqoodamiinsi sadarkaa jireenya yeroo hundumaa hawaasa waliin jiraatu tokko gidduutti ni mul'ata. Akka Schwadel (2017) ibsutti, qoqqoodamiinsi hawaasaa yoo hin jiraanne gareen hawaasummaa jiraachuu hin danda'u. Akka Wright (1993) immoo gareen hawaasummaa akka yaadrimee hariirootti kan ilaalamu ta'ee, gareen kunimmoo inni tokko isa kan biraa waliin walitti hidhamiinsa yoo qabaatedha. Yoo gareen humnaan hojjetu hinjiraanne gareen manufaakchariingii hinjiru. Gareen gara gadii yoo hin jiraanne gareen sadarkaa ol'aanaa irra jiraatu hin jiru. Gareen sadarkaa ol'aanaa irra jiruufi sadarkaa gadii irra jiru; akkasumas, gareen manufaakchariingiifi garee humnaan hojjetee jiraatu gidduu garaagarummaan yoomiyyuu ni jiraata (Bourdieu, 1987). Kanaafuu, hawaasa gamtoomee waliin jiraatu kamiyyuu gidduu garaagarummaan sadarkaa ni jiraata. Geerarsa armaan gadii kana keessatti garaagarummaa kana argina.

Geerarsi armaan gadii kun waan namni tokko jireenya isaatiin fakkaatu ibsa. Kan geerares maanguddoo Fiqaaduu Firrisaa jedhamudha. Haalli ittiin maanguddoon kun geerares miiraan kan guutamedha. Akkaataan sagalee, ibsannaan fuulaafi

sochiin qaamaa maanguddoo kana miira keessa nama galcha. Maanguddoon kun jireenya dhuunfaa isaa geerare. Imimmaanillee buusuudhaan akka namni imimmaan isaa hin agarre fuula isaa harka isaatiin dhokse. Geerarsi isaas kan armaan gadii ture.

Durillee yennaan dhaladhee
Calanqaan taa'an se'ee
Colleen naqadhan se'ee
Tarreessan taa'an se'ee
Tarreen geeraran se'ee
Sooressan ta'an se'ee
sooriin yaabbadhan se'ee
Hafee hin hafu matumaa
Sooressa ta'uun kan Koo
Soorii yaabbachuun kan koo (Fiqaaduu Firrisaa)

Akka geerarsa kanaatti, geeraraan kun nama hiyyummaa keessa jiruufi keessaa ba'uuf immoo tattaafatudha. Namni kun adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti sadarkaa yaadame irra ga'uu hanqatee jireenya hiyyummaa akka jiraachaa jiru akeeka. Maatii isaatiin, ofii isaafi hawaasaan akka sooressa ta'ee farda yaabbatu, akka sooressa tokkootti dabaree qabatee akka geerarutti akka yaadamu ibsa. Kana jechuun, kan callee naqatu, farda yookaan soorii yaabbatu, dabareedhaan geeraru sooressa akka ta'edha. Wayita ragaan kun funaanamu namoonni geerarsa kana irratti hirmaatan hedduu turan. Namoota kana keessaa namni kun dhuma irratti dabaree fudhatee geerarsa eegale. Hunduu dabaree walsaama malee kan dabaree hileef hinturre. Kunimmoo, akka raghimaan kun miira qoollifannaa Tarreessan taa'an se'ee, tarreen geeraran se'ee keessa seenu taasisee jira.

Geeraraan kun yeroo dheeraa osoo geerarsa keessatti hinhirmaatiin turee gara dhumaatti erga namoonni kaan gara dadhabuutti dhufanii eegale. Yeroo eegalu garuu komee akka seensa geerarsaatti fayyadame. Kan eegales "" jechuun ture. Ergaan isaas geeraraan kun hawwii dabaree eeggatee geeraruu akka qabudha. Hata'u malee, akka yaadetti dabaree argachuu hindandeenye. Akka adeemsa jireenyattis namni tokko waan ittiin geeraru hinqabu taanaan dabaree hinargatu. Wantoota ittiin geeraramu keessa tokko immoo haala qabeenyaati. Namni kun garuu waan qabeenyas dhimmoota ittiin geeraruu danda'u biroos hinqabu.

Adeemsa jiruufi jireenyaa keessattis hawaasni waan ittiin walijaaree sadarkaa isaa eeggatee waliin jiraatu niqaba. Akkaataan qoodamiinsa hawaasaa kunis gareen hunduu jireenyaf xiyyeeffannoo akka kennuuf malee haamilee walii miidhuuf miti. Qoodamiinsa garee hawaasaa keessaa hiyyummaafi soorummaan immoo

tokkodha. Akka Drudy (1991) ibsituttis, yaadrimeen garee hawaasaa (social class) hariiroo gama duuniyaa qabaachuutiin jiruufi ga'umsa galii, duroomuufi gabeenyota kanneen biroo ajajuu danda'uuti. Kanaafuu, sadarkaan hawaasaa qabeenya qabaniifi haala qabeenyichatti fayyadaman irratti hundaa'ee qoqqoodamuu nidanda'a.

Geerarsa armaan olii kana irraas kan hubatamu adeemsa dabaree geerarsaa fudhachuu keessatti eenyummaa namni tokko dinagdeen walqabatee qabu dhiibbaa ni geessisa. Bakki hawaasa keessatti gama dinagdeen qaban akkuma adeemsa jireenyaa keessatti dhibbaa geessisu dabaree geerarsaa fudhachuu keessattillee dhiibbaa ni qaba. Kanaafuu, geeraraan kun jamaa geerarsichaafi ofii isaa komachuun geerarsaa eegalee haala jireenyi isaa fakkaatuufi sadarkaa hawaasa keessatti qabu ibsate.

Geeraraan kun eenyummaa isaa geerarsa qofaan osoo hin taane, miira boo'ichaanillee ibsateera. Yeroo namoonni garaagaraa walharkaa fuudhanii geeraran callisee hordofaa tureera. Yeroo gareen jalaa cookamus jalaa cookaa tureera. Erga namoonni baay'een geeraranii booda immoo akkuma dabaree fudhatee geeraraa osoo jiruu boo'ichaan itti make. Sagalee garaa nama nyaatuufi miira keessa nama galchuun geerare. Irra caalaayyuu miira hamaa keessa seenee imimmaan buusuudhaan imimmaan isaa haxaawwachuu eegale. Wayita kana jamaan hundinuu miira keessa galanii geerarsi addaan cite. Ragaan afgaaffiin raghimaa kana irraa argameen immoo sababni boo'icha isaa haala jireenya isaafi geerarsa kana irraa qoollifamuu isaati.

Guyyaa kan biraa garuu haalli kun jijjiiramee walitti deebine. Jamaan geerarsichaa haala jiru hubatanii isaafis dabaree waan hilaniif miira gaddaafi qoollifannaa keessaa ba'ee jalaa cookaafi geerarsa irratti hirmaateera. Hawaasni haala ittiin waliin jiraatu, miira walii hubatufi hariiroo isaa eeggatuu niqaba. Haala jiruufi jireenyaa keessatti dhiibbaa hawaasni walirraan ga'us miidhaa irraan ga'uuf osoo hintaane irraa baratee akka inni hojjetee sadarkaa gaarii irra ga'uufidha. Uummanni Oromoo safuu waaqaafi lafaa, xinnaafi guddaa, jaarsaafi jaartii, dureessaaf hiyyeessaa waan qabuuf isaa kana eeggachaa nama hojii jaallatu jajjabeessee, kan hojii jibbuufi dhibaa'aa ta'emmoo qeeqee keessaa ba'uuf akka inni carraaqu taasisa. Kun immoo adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti malli ittiin walbarsiisan keessaa tokko geerarsatti fayyadamuunidha. Yeroo baay'ee immoo itti yaadamee osoo hintaane adeemsa keessa amaleeffannaa ta'ee carraa walitti dhufu hunda keessatti

wal qeeqaa, wal gorsaa, booree wal keessatti horee, haamlee walii ijaara.

Geeraraan kun guyyaa kan biraa bifa tasgabbiifi ofitti amanamummaan dhiyaatee jira. Guyyaa kana fuulli isaa ifeera. Miira inni qabu kan jamaan wal simeera. Rakkoo isaa jireenya malee geerarsaan namoota kaanii gadi miti. Keessumaa geerarsa haala jiruufi jireenyaa sirnaan geerara. Akka Owen (1995) ibsuttis, namni dhuunfaan kamiyyuu amala dhuunfaa isaa caalaa uummata naannoo isaa jiraatuun dhiibbaan irra ga'a. Kun immoo, amala hawaasa naannoo isaa jiraatuu akka inni qabaatu taasisa jedha.

Kana malees, hiyyummaan miidhaa adda addaa akka nama irraan ga'uu geerarsaan niibsama. Kufaatiin dinagdee jiruufi jireenya hawaasaa keessatti akka miidhaa guddaa qabutti ilaalama. Namni dinagdeen isaa gadi bu'aa ta'e uffannaadhaan miidhamaa akka ta'e, haala kam keessattiyyuu yoo miidhaan irra ga'e kan isa iyyaafatu akka hinjirreefi miidhaamni qabeenyaa miidhaa adda addaa akka nama irraan ga'u geerarsa armaan gadii kana irraa nihubatama.

Anoo numan xallisaa
Akka ilmoolee kannisaa
Anoo numan kurkuraa
Akka minee gaaguraa
Akkam taanee akkas taanee
Moofaa uffattuu taanee
Doofa of- gattuu taanee
Ameessaan boongaa jennee
Aannan shee dhugna jennee
dabeessaan gooftaa jennee
Lamallee bulla jennee.

Akka geerarsa kana irraa hubatamutti namni kun hiyyummaa ofirraa gatuuf boqonnaa malee akka ilmoo kanniisaafi minee carraaqeera. Hiyyummaa keessaa ba'uuf hanga danda'u carraaqeera. Kanniisni uumama jiran keessaa kanneen hojii boqonnaa malee hojjetaniifi baay'ee bu'aa buusanitti ramadamti. Geeraraan kunis isheetti offakkeessee boqonnaa malee akka hojjetuufi garuu hanga barbaadamu akka bu'aa hinarganne kaasa. Akka Taylor (2008) ibsuttis, jireenya gaarii jiraachuuf hojiin bu'uura akka ta'e kaasa. Kana jechuun, namni hojii hojjetu bu'aa argata, bu'aa argatuun immoo gammadee jireenya gaarii jiraata. Akkasumas, nama jireenya gaarii jiraatummoo fayya buleessa waan ta'uuf, jireenyi gaariifi fayyummaan walitti hidhata jedha. Fayyummaafi jireenya gaarii jiraachuun kunimmoo dirqama daawaafi dhukkubni dhibuu wajjin kan walitti hidhatu osoo hintaane, jireenya guyyaa guyyaa namootaarra kan mul'atudha (Taylor, 2008). Kanaafuu, akka galumsa hawaasaatti, namni

hojjetee bu'aa hin arganne gammachuu waan hinqabneef fayyaa hinqabu jechuudha.

Kana malees, hiyyummaan kallattii dinagdeetiin rakkoo adda addaatiif nama saaxileera. Yeroo barbaadetti uffata irraa miidhagu bitachuun itti ulfaata. Kana malees, akka warra qabeenya qabanii ofkunuunsuun ulfaataa ta'a. Itti dabalees, akka wallaalaafi nama homaa hin hubanneetti akka ilaalaman nama taasisa. Geerarsa armaan olii keessaa "moofaa uffattuu taane" kan jedhu haala uffannaatiin kan walqabatudha. Kana jechuun, moofaan uffata hiyyeessi uffatu kan ibsu yoo ta'u, haaraan immoo mallattoo soorummaati. Hiyyeessi uffata qabu irra deddeebi'ee suphee kan uffatu yoo ta'u, sooressi immoo bifa ishee jijjiirranaanillee haaraa bitata. Kan biraan sararri "doofaa ofgattuu taane" jedhu nama mirga isaa hinfalmanneefi waan isa barbaachisullee hinhubanne taane jechuudha. Doofaan nama hinbaranne yookaan hinqaroomne jechuudha. Kanaafuu, mallattoon qaroominaafi nama baratee akka galumsa hawaasaatti nama mirga isaafi dirqama isaa, akkasumas haala hawaasa isaa beekudha.

Karaa biraatiin, hiyyummaan eenyummaa namaa jijjiirti. Boongaa kan jedhamu sangaa mataa guddaa, kan loluuf itti dhufe hunda ofirraa qolachuu danda'uufi guddinni adda isaa sodaachisaa ta'edha. Akka namaatti gooftaa kan jedhamu immoo nama aangoo qabudha. Akka galumsa geerarsa kanaatti garuu, namni tokko dirqamee ameessaan boongaa, dabeessaan immoo gooftaa jechuun kabaja yoo kenneefiyyuu haalli jireenyaa akka hinjijjiiramne geerarsa kana irraa nihubatama. Ameessaan boongaa hinjedhamu; dabeessaanis gooftaa hinjedhamu; garuu ittiin buluuf jedhamee jira. Uumamaan namni hunduu walqixa yoo ta'ellee, sadarkaan dinagdee garaagarummaa niuuma. Kunimmoo eenyummaa hinqabne tokko argachuuf bakka hinmalle waan tokkoof kennuun fedha ofii guuttachuun akka hindanda'amne agarsiisa.

Namni tokko yeroo geeraru haala jireenya mataa isaafi waan umurii isaallee ibsudha. Geerarsa armaan gadii kana kan geeraru dargaggeessadha. Inni akkas jedhee geerara.

Abbayya guunnaan malee
Haroon maaf calalaqa
Abbaankoo duunaan malee
Anuu maaf ganda dhaqa
Nanuu maaf na saraqa
Siif safuu ya sinbiraa
Kan harbuun gahuu jiru
Kan qilxuutti Naqamtee
Siif safuu yaa hiyyummaa
Kan barri darbuu jiru
Kan kichuutti na qabde

Mucaan kee saree kormaa

Dubbatan dhiisuu beeka

Ifataan ciisuu beeka (Biraanuu Fiqaaduu)

Geerarsa kana kan geeraru dargaggeessa haalli jireenyaa itti ulfaate, abbaa hinqabneefi kana irraa kan ka'e mana namaa jiraatudha. Dargaggeessa kanatti haalli jireenyaa itti ulfaachuu isaaf kan inni sababa godhatu xiqqummaa isaatti abbaan isaa irraa du'uudha. Dargaggeessi kun mana namaa jiraata. Lolamu obsee barri nidarba jechuudhaan haalli dinagdee isaa akka jijjiiramu osoo hinshakkiin nama tattaafatudha. Geerasa kanaan immoo maal akka fakkaatu jireenyi isaa maal akka ta'eefi maal ta'uuf akka jiru ibsata. Kanaafuu, eenyumaan dargaggeessa kanaa hiyyeessa, kan mana namaa jiraatuufi hiyyummaa keessaa ba'uuf tattaafatudha.

Geeraraan kun hiyyummaaf jedhee mana namaa waan jiraatuuf itti tolaa miti. Yaadda'aafi sodaachaa akka jiraatu, haalli itti tolaa akka hintaaneefi garuu danda'ee akka jiraachaa jiruu ibsata. Kana hunda kan godhuuf immoo guyyaa tokko hiyyummaa keessaa ba'ee eenyummaan hiyyummaa kun jijjiiramuu akka danda'u waan amaneefidha. Akka Christiansen (2004) ibsituttis, "*Throughout the life span the individual engages in an ever-changing range of occupations, shaping her own identity*,". Kana jechuun, namni tokko jireenya keessatti hojii jireenya ishee/isaa keessatti jijjiirama fiduufi kan eenyummaa ishee/isaa bocu irratti hirmaatti/ta. Kana malees, hariiroo hojii, eenyummaa, hiika waan tokkoo, hawaasaafi jireenya gaarii gidduu jiru cuunfitee keesseetti. Akka galumsa geerarsa armaan oliittis, dargaggeessi kun fuulduratti hojii hojjetee eenyummaa amma qabaachaa jiru kana jijjiiruuf abdii qaba.

Dargaggeessi kun kan inni mana namaa jiraatuuf abbaa isaa ijoollummaatti waan irraa du'eefidha. Kana immoo sarara tokkoffaa hanga afuraffaatti "Abbayya guunnaan malee haroon maaf calalaqa, abbaan koo duunaan malee anuu maan ganda dhaqa," jedhu irraa hubachuun nidanda'ama. Kana jechuun, akkuma Abbayya lagni guddaan yoo guute malee haroon guutee irra ba'ee hincalalaqne anis mana namaatti galuun koo abbaan koo duunaani jedha. Kanamalees, lagni yoo guute haroon guutee fagootti akkuma mul'atu, hiyyummaanis akkuma kana ilma namaa irraa haala jireenyaan mul'achuu danda'a. Kanaafuu, amma garuu mana namaan jira yaadda'aan jiraadha; garuummoo, keessaa nan ba'a jedha. Akkuma sinbirri isheen midhaan nyaattu gaafa harbuufi qilxuun bilchaate gara isaan

nyaachuutti deebitu, anis barri darbee mana namaa jiraachuu irraa gara waan kan koo ta'e qabaadhee ofdanda'uutti nan dhufa jedha.

Geeraraan dargaggeessi kun hiyyummaa kana keessaa ba'uuf immoo obsa akka qabuufi hojiif akka carraaqu hubachuun nidanda'ama. Kanammoo akkuma saree kormaa yoo itti dheekkaman dhiisuu, yoo ifatanimmoo ciisuu beeka. Amalli saree yoo ifatan niciisti. Yoo lolan immoo waan gochaa jirtu dhiisti. Sareen tokko abbaan guddifate yoo ifate jala ciisti. Amalaan garaa laaffifachuu ishee agarsiisa. Akkasumas, namni tokkos hiyyummaa keessaa ba'ee sadarkaa barbaadame irra ga'uuf obsa qabaachuufi cimanii hojjechuun murteessaa akka ta'e geerarsicha irraa hubachuun nidanda'ama.

Namni dinagdeedhaan miidhame hiyyummaatti harka kennatee taa'a osoo hintaane carraaqqachuu akka qabu, ga'ee nama tokko irraa eegamu ba'achuu akka qabuufi hiyyummaa keessaa ba'uuf kallattii hundaan socho'uun dirqama akka ta'e geerarsa gadii kana irraa hubachuun nidanda'ama.

Ani maalan godheree
Maalan gochuu dideree
Erginaan ergaa hin dinnee
Waamnaan owwaachuu hin dinnee
Fardatoo garbuu lixee
Lixeewoo gangalatee
Barrisoo darbuu didee
Didee waljala darbee
Yaa abbabbaakoo daadhiikoo
Ayyaanakee na kadhuu
Waaqakee naa sagadi

Akka geerarsa armaan olii kana irraa hubatamutti, jireenyaaf geeraraan kun carraaquu akka hindhiisne, waan hojjetamuu qabu akka hojjechaa jiruufi ga'ee isaa hunda ba'achaa akka jirudha. Hata'u malee, haalli jireenya isaa hinjijjiiramne. Akkuma fardi garbuu lixee yoo irra gangalate garmalee balleessu, hiyyummaan irra bubbultee isa miiteetti. Jiruufi jireenya hawaasaa keessattis, namni tokko kan inni haala hunda keessatti dhimmee hojii danda'uufi hindandeenye hojjetuuf haala jireenyaa jijjiirrachuufidha. Hata'u malee, namni hundi immoo hamma carraaqe osoo hintaane baay'ee dhama'eetu muraasa argata. Geeraraan kun nama rakkoo akkasii qabudha.

Eenyummaa geerararsa kana keessa jiru eenyummaa nama ofdanda'ee jiraatuu osoo hintaane, eenyummaa nama namaaf hojjetuufi namaaf ergamuuti. Geerarsa kana sarara sadaffaafi arfaffaa irratti "Erginaan ergaa hindinnee, waamnaan owwaachuu

hindinne" jedha. Ergaan isaa, namni kun to'annoo qaama biroo jala akka jirudha. Namni qaama kan biroon jireenyi isaa to'atame immoo ga'ee isaa bakka dhaqi jedhame dhaquufi wayita barbaadamu immoo saffisaan argamuudha. Kanaan ala, akka fedha isaatti adeemuufi haala fedheen carraaqqachuu hindanda'u.

Kanamalees, eenyummaan geeraraa kanaa haala baraa waliin wal qabata. Namni kun osoo barri jijjiirame akka haalli jireenya isaa jijjiiramu niamana. Bara jechuun haala siyaasaa, hawaasummaafi sirna dinagdee waliin kan walqabatudha. Kana ibsachuuf geeraraan kun sarara torbaffaafi saddeettaffaa irratti "Barrisoo darbuu didee, didee waljala darbaa" jedha. Barri jijjiiramuu dhabuufi wantoonni toora eeganii deemuu dhabuun isaanii akka hiyyuummaaf isa saaxilan ibsata. Itti dabalee, ofii isaa akka hindandeenye Waaqni immoo gargaaruunii akka danda'u amanee abbaa isaatiin naa kadhadha dhaamsa jedhu dhaammata.

Eenyummaa Sadarkaa Hawaasa Keessatti Qabachuu

Aadaa Oromoo keessatti hawaasni ofii isaafis ta'ee, walii isaaf sadarkaa garaagaraa kenna. Walkabajuun akkuma jiru wal gabbaruun tokko isa kan biraa irratti gooftaa ta'uun garuu akka gocha hintaaneetti ilaalama. Akka geerarsa kanatti aanee jiru kanaatti, geeraraan kun maqaan isaa Kabbadaa Waggaa jedhama. Kanaafuu, Waggaa garangaggallee yaa isa nama hingabbarree jedhee waa'ee abbaa isaa geerara. Namni kun dorgommii keessa seeneera. Hunduu abbaa isaa waamee geerarraan inni maqaa abbaa isaa waamee geeraruu eegale. Akka geerarsa kanaatti abbaan isaa hawaasa keessatti sadarkaa gaarii qaba.

Waggaa garangaggallee
Yaa isa nama hin gabbarree
Yaa abbaa Kabbuu yaa Waggaa
Cichaarraan gadi ilaallaan
Natti fakkaatte gorroo
Garanaa abbaasaa waamee
Garasii abbaasaa waamee
Yennaan taa'ee ilaaluu
Natti fakkaatte roorroo
Sooressa daadhii dhuguu
Natu bishaan dhugaaree
Soorii taa'ee geeraru
Natu taa'ee mugaaree
Waggaa garangaggallee
Yaa isa nama hin gabbarree.

Hawaasa keessatti amala dhaabbataa qabaachuu dhabuu, akka hinmalle nama jala fiiguufi sarakaa qabaniin gadi jiraachuun eenyummaawwan fudhatama hinqabnedha.

Namni amalli isaa jijjiiramu hawaasa keessatti fudhatamaafi amanamummaa hin qabu. Kanamalees, namni callisee faayidaa adda addaa giddugaleessa godhatee nama jala kufus akka nama hirkattuufi fakkeessituutti ilaalama. Itti dabalees, namni maqaa abbaa isaa hin eegneefi eenyummaa abbaa isaa jijjiiru hawaasa keessatti tuffatamaadha.

Akka walaloo geerarsaa armaan oliitti, geeraraan kun "Waggaa garangaggallee, yaa isa nama hingabbarree*,"* jedheetu geerara. Kana jechuun abbaan isaa ejjennoo dhaabbataa nama qabuufi nama waan argeen raafamu akka hintaane ibsa. Abbaan isaa nama jala akka hin kufneefi dhugaa irraa nama hinsochoonedha. Amalli hawaasa keessatti fudhatama qabus waan argan waliin luucca'uu dhiisuufi ejjennoo dhaabbataa qabaachuudha. Namni haala adda addaatiin hinjijjiiramne hawaasa keessatti fudhatama guddaa qaba. Jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti faayidaa hin malle argachuuf eenyummaa ofii jijjiiruun amala fudhatama hinqabnedha.

Geeraraan kun waa'ee abbaa isaa qofa himee dhiise osoo hintaane, waa'ee ofii isaas sadarkaa hawaasa keessatti qabu tuqeera. Ragaan afgaaffiidhaan argame akka ibsutti, geerarsi faarsuudhaan eegala. Kanneen faarfaman keessaa abbaafi haati immoo sadarkaa duraa irra jiru. Namni tokko erga abbaa, haadhaafi firoota isaa faarsee booda gara ijoo geerarsa isaa kan birootti darba. Kanaafuu, geeraraan kun yeroo hunduu kallattii garaagaraatiin maqaa abbaa isaa tuqee faarsu ani maqaa kee dha'uu dhiisuun rakkina keessa akkan jirutti natti dhaga'ame jechuuf "natti fakkaate roorroo," jedha. Kana jechuun, bitaafi mirgi maqaa abbaa isaa waamee yeroo geeraru ani maqaa kee tuquu dhiisuun akka nama dhorkaafi to'annoo jalatti qabameeti. Akka nama mirga qabu dabarsee waan hinmalleef kenneen fakkaadhe jechuu isaati.

walaloon geerarsaa Sarara kurnaffaa hanga kudha sadaffaatti "Sooressa daadhii dhugu, natu bishaan dhugaaree, soorii taa'ee geeraru, natu taa'ee mugaaree" kan jedhu immoo ergaa sadarkaa jireenyaa falmachuu qaba. Kunis yeroo sooressi daadhii dhugu ani bishaan dhuguun, yeroo sooressi geeraru ani geerarsa dhiisuun narraa hineegamu jechuudha. Kun kan agarsiisu geerarsa keessatti haalli jireenyaa akka dhiibbaa qabuufi daadhii dhuguufi bishaan dhuguun sadarkaa jireenyaa irratti akka hundaa'udha. Cuunfaan geerarsa kanaa, maqaa abbaa dha'anii geeraruun, jireenyaan namaa gadi ta'uun akka salphina ta'eefi ulaagaa geeraraan guutuu qabu guutanii geeraruun dirqama akka ta'edha.

Walumaa galatti, geerarsi kun geerarsa dhaadannooti. Geeraraan kun maqaa abbaa isaa, qabeenya qabuufi ofitti amanamummaa qabuun dhaadachaa jira. Karaa tokko anis akkuma abbaa koo nama hingabbaru jedha. Karaa biraammoo, haala kamuu keessatti maqaa abbaakootiin geeraruun dirqama jedha. Itti dabalees, qabeenyi koo eenyuu gadi miti waan ta'eef gita sooressaan geerara, gita sooressaan daadhii dhuga, nama jalammoo hin kufu jechuun dhaadata. Sadarkaa abbaa isaa, kan ofii isaafi ejjennoo qabu ibsata. Kanaafuu, hawaasni ilmaan isaafi walii isaa keessatti eenyummaa akkasii ijaara.

Geerarsi armaan gadii kunis sadarkaa namni tokko hawaasa keessatti qabaachuu qabu kan ibsudha. Namni kun dargaggeessa ta'uu danda'a yookaan immoo nama akka warreen kaanii ulaagaa guutee geeraruu hindandeenyedha. Namni maqaa abbaa isaa balleessu, sadarkaa jireenya abbaasaatii gadi jiraatu, kabaja abbaasaa iddootti hineegneefi maqaa abbaasaa dha'ee hingeerarre nama gadhee akka saree gurra arbaa nyaattuu akka ta'e ibsa.

Qamalee eegeen dalgaa
Disoon farda galchitee
Abbayyeeko gaariikoo
Dabareenkee maaf darbaa
Atisoo ilma dhalchitee
Maaltu nyaata gurra arbaa
Yoo saree Jimmaa malee
Maaltu nyaata gurra abbaa
Yoo gadhee ilmaa malee

Uummata Oromoo biratti ilma dhiiraa qabaachuun akka waan hiddi dhaloonni itti fufeetti ilaalama. Abbaa yookaan haadhallee kan waaman maqaa ilma isaaniitiinidha. Kunimmoo dhiirri kallattii ittiin gosa sana keessatti dhaloonni itti fufu jedhamee waan amanamuufidha. Haaluma kanaan, geeraraan kunis maqaan kee osoon jiruu maaliif hin waamamu atisoo ilma dhalchitee jedheetu geerarsa eegala. Hata'u malee, yeroo baay'ee eenyummaan dubartii dhiira keessaan ibsama. Akka geerarsa armaan olii kanaatti, toora walaloo itti guutiinsaaf gale tokkoffaafi lammaffaan "Qamalee eegeen dalgaa, Disoon farda galchitee" kan jedhu keessatti saalaan dubaraa tuqameera. Disoon maqaa dubaraa ta'uu isaa xumura farda galchite jedhu irraa hubachuun ni danda'ama.

Kanamalees, namni ilma qabu tokko hawaasa keessatti maqaan isaa geerarsaan osoo hinka'iin hinhafu. Adeemsa geerarsaa keessatti yeroo baay'ee maatii (abbaafi haadha) irraa eegaluun gara gosa, mataa ofii, haala jireenyaafi biyya faarsuutti ce'ama. Namni tokkommoo dabaree geerarsaa argannaan maqaa abbaa isaatiin osoo hin

geerariin akka hin hafneefi eenyummaa abbaa isaa namoota qaama geerarsichaa ta'an hunda biratti akka beekamuuf carraaqa. Kanaafuu, geeraraan kun "Maaliifan dhiisa waammiikee, atisoo ilma dhalchitee" jedha. Akkuma ilmi nama biraa abbaa isaatiin dhaadatu anis maqaakee waameen dhaadadha jechuu isaati. Kunimmoo, geerarsi yeroo baay'ee dhiiraan waan geeraramuuf malee afoola kan biraa keessatti akka kana ta'uu dhiisuu mala.

Walumaa galatti, geerarsi kun eenyummaa ilmi dhiiraa qabaachuu qabu keessatti ijaaruuf tajaajila. Ilmi dhiiraa ga'ee akka maatiitti, gosaafi biyyaatti irraa barbaadamu hin ba'anne taanaan ni tuffatama. Kana malees, kallattii hundaan waan irraa barbaadamu ba'achuuf eenyu akka ta'e of beekuu qaba. Waan gaarii hintaane hambisaa isaa gaarii ta'e immoo fudhatee gara dhaloota itti aanuutti dabarsuuf kan dirqama qabudha.

Geerarsi armaan gadii kunis geerarsa sadarkaa eenyummaa ibsuuf oolu ta'ee, waa'ee fardaafi ilma wal bira qabuudhaan kan dhiyaatedha.

Gammoojjiin farda bitee
Atisoo farda galchitee
Maafan dhiisa waammiikee
atisoo ilma dhalchitee

Geerarsa armaan olii kana keessatti fardaafi ilmatu wal bira qabamee dhiyaate. Akka sarara 1ffaa fi 2ffaa irratti mul'atuttis "Gammaajjiin farda bitee, atisoo farda galchitee," jedha. Kana jechuun namni Gammoojjii jiraatu farda biteera. Fardi garuu haala qilleensaa Gammoojjummaa qabu keessa jiraachuu hindanda'u. Yeroo baay'ee fardi naannoo baddaa lafa bal'eensaafi naannoo caffee jiraata. Haa ta'u malee, bakkuma hinmijanne gammoojjiitti fardi bitameera. Kana malees, namni geeraramuuf kun akka inni farda qabu agarsiisuudhaaf 'atisoo farda galchitee' jedha. Oromoo birattimmoo farda gosa shantu jira. (a) Haadhoo fardaa- farda hortuu yookaan baajiraa fardaa, (b) Dungulaa fardaa- farda rukuchiisaaf/ hormaataaf fayyadu, (c) Farda geenyaa-farda fe'umsaaf tajaajilu fardi gosti akkasii ergasiif nikennama, (d) Farda gombisaa-dorgommiif kan oolu ta'ee gaachanaafi eeboodhaan yookaan uleedhaan shaakalama, (e) Farda waraanaa- gosti fardaa kun dirree lolaa irratti kan tajaajilu ta'ee nama kan biraaf garuu hinergifamu (Obbo Charinnet Waqwayyaa irraa ragaa afgaaffiin argame).

Kanaafuu, Oromoo biratti fardi bakka guddaa qaba. Namni ilma qabuufi namni farda qabu hawaasa keessatti kabaja qaba. Akka walaloo geerarsa kanaattis, sadarkaa

namni tokko hawaasa keessatti qabu farda yookaan ilmaan ibsamuu nidanda'a. Farda yaabbatanii ittiin ba'anii galanii yookaan immoo dirree lolaatti ba'anii injifatanii akkuma deebi'an ilmi immoo geeraree maqaa abbaa isaa tolcha. Namni dirree lolaatti ba'ee injifate eenyummaan goota jedhu yoo kennamuuf, Ilmi dhiiraa immoo geeraree eenyummaa abbaasaa hawaasaaf ibsa.

Walumaagalatti, ilma jechuun abbaa Oromoo biratti mallattoo dhaloota itti fufsiisuu, mallattoo akka dhiira cimaatti yookaan gootaatti ilaamamuuti. Nama tokko abalu ilma dhalche jechuun abalu cimaadha akka jechuuti. Ilmi akka dhaaltuu mana abbaatti ilaalama. Namni tokko ilma dhalcheera taanaan iddoon mana isaa hinbadu. Qee'een abbaatiin waanamaa ture gara ilmaatti darba. Ilmi mana abbaatti fuudhee naannoo mana abbaatti mana ijaarratee qee'ee abbaa isaa jajjabeessa. Namni tokko ilma hin godhanne taanaan qee'ee isaatu bade jedhama. Kanaafuu, akka geerarsa kanaatti ilmatu abbaa isaatiin atis akkuma warreen kaanii anaan ilma dhalchiteetta waan ta'eef, maqaa kee nan waamsisa jechuu isaati. Kanamalees, abbaan isaa yoo jiraates yoo du'es eenyummaa isaa kan ibsu ilma isaa akka ta'edha. Kana jechuun eenyummaa abbaan qabu ilmi jiraannaan dhokatee hinhafu.

Geerarsi armaan gadii kunis namni tokko hawaasa keessatti qabeenyaan sadarkaa akkamii qabaachuu akka qabudha. Qabeenya qabaachuu qofa osoo hin ta'iin gosti qabeenyallee murteessaadha.

Akka yaadu garaanii
Barri haa baasu baraanii
Akka yaadu garaan koo
Farda diimaa cidhaanii
Niitii kaarruun bishaanii
Akka yaadu garaankoo
Ameessa gur'uu toluu
Minishir hudduu moluu

Akka geerarsa armaan olii kana irraa hubatamutti, kan geeraraa jiru dargaggeessadha. Dargaggeessa fuudha yaadeefi nama akkamii fuudhuu akka qabu kan ibsudha. daargaggeessi kun waa'ee fuudhaa qofa osoo hintaane qabeenyillee barbaachisaa akka ta'e akeeka. Dargaggeessi kun farda, haadha manaa ilkaan kaarruu, ameessa gur'uu toltuufi qawwee minishirii jedhamu qabaachuu akka barbaadu ibsata. Hawaasa keessatti namni wantoota kana hunda qabu sadarkaa ol'aanaa qaba. Namni tokko loon qabaannaan, farda yaabbatee adeema taanaaniifi qawwee qabaannaan akka soreessaafi nama kabajaa qabuutti ilaalama. Kanaafuu, dargaggeessi kun

qabeenya kana hunda horadheen fuudha jedha.

Eenyummaan namni tokko ittiin beekamuufi sadarkaa hawaasni walii kennee waliin jiraatu keessaa tokko qabeenyaan beekamuudha. Qabeenya qabaachuun immoo kallattii garaagaraatiin ibsamu. Isaanis: tokko, loon qabaachuu yoo ta'u, namni loon hedduu qabummoo abbaa karraa jedhama. Lammaffaa, farda qabaachuudha. Fardii kunimmoo kan yaabbii, kan fe'umsaa, kan waraanaa, kan rukuchiisaafi farda gombisaati. Kanaafuu, farda diimaa cidhaanii yoo jedhu farda ariisaa qabaachuu akka barbaadudha. Fardi akkasii yaabbiifis ni tajaajila. Sadaffaan, minishirii yookaan qawwee qabaachuudha. Kunimmoo lolaaf qophii qabaachuudhaa agarsiisa. Gama biraan immoo qawwee qabaachuun diina kallattii garaagaraatiin namatti dhufurraa ittiin of eeguuf gargaara. Kan dhumaa, haadha manaa ilkaan kaarruu fuuchuudha. Oromoo biratti ilkaan kaarruun mallattoo bareedinaati. Akka geerarsa armaan olii kanaattis, namni kun haadha manaa bareedduu fuuchuu akka barbaadu agarsiisa. Walumaagalatti, namni eenyummaa akkasii qabu hawaasa biratti fudhatamummaa qaba.

Akka geerarsa armaan gadiittis ta'ee haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti ilmi maqaa abbaa isaa eeggata. Waan abbaa isaa hojjetee darbe irra deebi'ee hojjechuuf carraaqa. Geerarsa armaan gadii kana irraas kana hubanna.

Haxxisoo seer hindhowwuu
Hattuu dallaan hindhowwuu
Leenca ukkaamsaan hindhowwuu
Arba gaawwaan hindhowwuu
Ilma abbaan isaa dur jagnaa
Lakkii dhiisiin hindhowwuu.

Akka geerarsa armaan olii kanaattis, ilmi sadarkaa abbaan isaa irra ture qabaachuun dirqama akka ta'e ibsuuf amala haxxiffannaa, hattuu, leencaafi arbaan walqabsiisa. Kanas *"*haxxissoo seerrii hin dhuwwu," jedha. Haxxissoon gochoota rifaatuu liphii keessaa tokkodha. Rifaatuu liphii immoo haala kamiiniyyuu ittisuun hindanda'amu. Gochoota yoo namatti dhufan dirqama raawwatanidha. Seerri gochoota rifaatu liphii kana dhowwus hinjiru. Kana malees, "hattuu dallaan hin dhowwu," jedha. kunimmoo dallaan hangamillee jabaatee yoo ijaarame, cimina hangamiillee yoo qabaate hattuu ittisuu hin danda'u. Hattuun qabeenya nama tokkoo hatuu kan isheen dhiisu cimina dallaa irraa kan ka'e osoo hin taane cimina abbaa dallichaa irratti hundaa'a. Abbaan qabeenyichaa cimaa taanaan hattuun dallaa isaatti hindhiyaattu. Kanaafuu, ciminni dallaa hattuu hinittisu.

Kan biraan, *"*leenca ukkaamsaan hin dhowwu*,"* kan jedhudha. Kan ukkaamfamu sagalee yookaan hafuura baafannaadha. Leenca garuu akka inni sagalee baasee hin aadne gochuun hin danda'amu. Namni tokkollee afaan leencaa walitti qabuuf hinyaalu. Kana yaale taanaan xumurri isaa ilkaan leencaa keessa seenanii irbaata isaa ta'uudha. Kanaafuu, wanta yaalamuu hindanda'amnedha. "Arba gaawwaan hindhowwu," kan jedhus toora geerarsaa armaan olii keessaa tokkodha. Gaawwaan daggala guddaadha. Arbis qaamaan guddaadha. Hata'u malee, arba qaamaan guddaa kana akka inni keessa hinsochoone daggalli guddaan kun ittisuu hin danda'u. Sababni isaa, bosonni kun arbaaf bakka jireenya isaati. Kana waan ta'eef arbi akka barbaade keessa socho'uu nidanda'a. Waluma galatti, sararoonni armaan olii arfan kun wantoota haala kamiiniyyuu ittisuun hin danda'ame wajjin kan walqabatudha.

Sararoonni geerarsaa kun kanneen deeggartuu ta'aniifi kanneen ergaa ijoo of keessaa qaban ni jiru. Sarara tokkoffaa hanga arfaffaatti kan jiran ergaa deeggartuu kan qaban yoo ta'u, sararoonni dhumaa lamaan immoo ergaa ijoo qabu. Sararoonni dhumaa lamaan *"*Ilma abbaan isaa dur jagnaa, lakkii dhiisiin hin dhowwu," kan jedhudha. Akkuma haxxissoo seerri, hattuu dallaa, leenca ukkaamnsaafi arba qaawwaan hin dhowwine ilma abbaan isaa dur goota ture eenyummaafi sadarkaa abbaan isaa qabaachaa ture akka inni hinqabaanne kan ittisu hinjiru.

Ilmi bakka kanatti waa'een isaa geeraramu kun eenyummaa abbaa isaa irraa fudhate niqaba. Eenyummaa inni abbaa isaa irraa dhaale kun immoo gootummaadha. Eenyummaa gootumma ilmi dhaale kun immoo haala kamuu keessatti kan daanga'u miti. Haalonni akka inni gootummaa isaa hin calaqqisiifne taasisanillee yoo uumaman daangessuu akka hindandeenya geerarsa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Eenyummaa takkaa ijaarame taanaan diiguun hin salphatu. Akka galumsa geerarsa kanaatti eenyummaa duraan ijaarametu jira. Haalli eenyummaa kana diigu yoo uumamellee garuu akka diigamuu hindandeenye hubachuun nidanda'ama.

Ilmi waan abbaan isaa qabu itti fufsiisa. Yoo hojii abbaan isaa hojjetu hinhojjenne maqaa abbaa isaa nyaate jedhama. Haaluma kanaan, geeraraan kun waan abbaan koo hojjete hojjechuu irraa eenyuyyuu na dhowwuu hindanda'u jedha. Sadarkaa abbaan hawaasa keessatti qabu kan itti fufsiisu ilmadha. Kun qabeenya abbaa isaa dhaaluu waliinillee walqabata. Yoo abbaan du'e kan qabeenya isaa dhaalu ilmadha.

Kunimmoo sadarkaa hawaasa keessatti qaban eeggachuudha.

Geerarsi armaan gadii kunimmoo waa'ee ajjeesaa ibsa. Ajjeesaanis hawaasa keessatti sadarkaa qaba. Akkaataa gosa bineensaatiin dabareen geerarama. Akkaataa kanaan eenyummaa namni tokko gonfachuu qabu geerarsaan sammuu walii keessa kaa'u. Geerarsichis akkas jedha.

Abbaa joffee daggalaa
Natu ajjeesee maggala
Leenca qarriffaan biluu
Yoo qabe namaa hinhiluu.

Adamoo keessatti ajjeesaan leencaa akka naannoo isaatti yeroo baay'ee sadarkaa lammaffaatu kennamaaf. Sadarkaa tokkoffaan kan isa yeeyyii ajjeesee yookiin immoo bakka yeeyyiin hinjirretti isa arba ajjeeseef kennama. Kunis sababoota garaagaraa qaba. Bineensota keessaa yeeyiin gareedhaan kan deemtuufi dhaabbiitti ciruun nyaattee kan ajjeeftu waan ta'eef hamtuufi sodaatamtuudha. Arbi immoo guddina qaama isaa irraa kan ka'ee haala salphaa ta'een kan du'u miti. Ofirraa faccisuu irratti hamaadha; kanaaf sadarkaan tokkoffaan kennamaaf. Hata'u malee, bineensonni kun hunduu kanneen hawaasni sadarkaa jireenya isaafi cimina adamoo irratti qabu ittiin ibsachuuf geerarudha.

Akka geerarsa armaan olii kanaatti namni kun leenca ajjeese. Leenca kanas kan inni ajjeese bineensa salphaa waan ta'eef osoo hintaane, cimina isaatti fayyadameetu. Kanas "Abbaa joffee daggalaa, natu ajjeesee maggalaa," jedhee geerara. Kunimmoo leenca korma kan anfaarroo qabu ajjeesee daggala keessaa dhaadachaa jiraachuu isaa ibsa. Kana malees, *"*Leenca qarriffaa biluu, yoo qabe namaa hinhilu,*"* jedha. Kunimmoo, leenca cimaa, kan umuriidhaan hinduulloomne ilkaan isaa qara ta'e ajjeesuu isaa ibsa. Walumaagalatti, geeraraan kun haala kanaan sadarkaa hawaasa keessatti qabu ibsatee, eenyummaa isaa hawaasatti agarsisa. Hangam akka ga'uufi cimina qabu ibsachaa dhaloonni itti aanus eenyummaa akkasii akka qabaatu fuulchuudhaan barsiisa.

Kana malees, namni tokko ajjeesaa ta'uuf yaalii ciccimaa taasisee milkaa'uu dhabee adeemsa dheeraa booda yeroo milkaa'u garuu akka armaan gadii kana jedhee geerara.

Ajjeeseera dhugaakoo
Dhugaakoo dhugumakoo
Abbayyee tuujubakoo
Nan fayye dhukkubakoo
Nan ajjeese dhugaa koo
Dhugaakoo dhugumakoo
Kan eessaa fiddee hin qabne

Kan meeqaan bittee hin qabne

Kan hixaa buusaa hin qabne

Kan hidhii xuuxuu hin qabne

Geersi kun carraaqqii dheeraa booda milkaa'uu isaatti gammachuu qabaachuu geeraraa ibsa. Geeraraan kunis geerarsa kanaan sadarkaa qabaachuu qabu ibsachaa jira. Innis, ajjeesuun isaa kan mirkanaa'e ta'uu isaa "Ajjeeseera dhugaakoo, dhugaakoo dhugumakoo" jechuudhaan ibsata. Kana malees, "Nan fayye dhukkuba koo" jedha. Ergaan isaas, ajjeesuuf baay'ee dhama'aa akka ture agarsiisa. Adamoo dhaqee yeroo dheeraa yaalii taasisee carraaqqii dheeraa boodammoo ajjeesee milkaa'e. Kana malees, kan ajjeese ofuma isaa akka ta'e, namni gargaare akka hin jirre, bakki itti ajjeese akka beekamuufi gaabbii akka hinqabne geerarsa armaan olii kana irraa hubachuun ni danda'ama.

Kana malees, Sarara salgaffaafi kurnaffaa irratti "Kan hixaa buusaa hin qabne, kan hidhii xuuxuu hin qabne," kan jedhus namni kun ofiin ajjeesuu isaa kan mirkaneessudha. Wanti carraan itti bu'u tokko waan qixxeetti qabanidha. Geeraraan kun garuu qofaa kiyya waanan ajjeeseef wanti qoodamu hinjiru jechuu isaati. Gama biraan, toorri kan hidhii xuuxuu hin qabne jedhummoo ajjeesuu isaaf gaabbii akka hinqabne agarsiisa.

Egaan ajjeesaan tokko sadarkaa hawaasa keessatti qabu ibsachuuf akkaataa armaan olii kanaan geeraree hanga ga'u ibsata. Namni ajjeesaa ta'uu isaa hinbeeknellee kana irraa ka'uudhaan waan inni ajjeese hubatee kabajaa maluuf kennaaf. Hariiroo hawaasaa keessattis namni tokko bakka maluuf akka argatuuf nigargaara. Geerarsa, sirba, dubbiifi yaada kennamu irratti dursatu kennamaaf. Dhaloonni boodaan dhufus kana bu'uura godhachuudhaan ga'ee isa irraa barbaadamu ba'achuuf carraaqa. Kana malees, namni kan biroon illee eenyummaa akkasii akka qabaatuuf nigargaara. Haala kana keessatti geerarsi eenyummaa dhuunfaa ijaaruu keessatti ga'ee guddaa qaba. Dhaloonni haaraan maal ta'uun qaba? Hawaasni maal narraa eegaa? Ga'een koo maalii? Hawaasa keessatti eenyummaan fakkenyummaa gaarii qabu maali? akka jedhuuf karaa saaqa.

Gama Beekamtii Dhuunfaatiin

Hawaasni wayita walii wajjin jiraatu hanga ga'u, waan fakkaatu, haala qabeenyaa, gootummaafi kkf irratti hundaa'ee beekamtii walii kenna. Waan ittiin beekame sanammoo geerarsaan dhaloonni itti aanee dhufu akka beekuufi ofii isaa beekamtii qabaachuuf akka carraaqu sammuu isaa keessa kaa'a. Kun eenyummaan namni tokko akka dhuunfaa isaatti hawaasa

keessatti qabaachuu qabuun kan walqabatudha. Kunis hojii beekamaa namni tokko hojjeteefi waan dhaloota itti aanuu barumsiisu ta'uu qaba.

Takka bookkisuu laataa,
Narraan fokkisuu laataa?
Yoon geerare maal qabaa?
Eessa koot mudaa qabaa,
Eessumni koo qeerransaa,
Lammiin koo leenca kormaa,
Eenyubbaasheet na mormaa?
Eenyubbaasheet na mormaa?

Akka walaloo geerarsa armaan olitti dhiyaate kanaatti geeraraan kun nama ofii isaatii ga'ee ba'uu qabu hin baaneefi geeraruuf immoo cimina firoottan isaatu hirkatuu ta'uu isaati. Geeraraan kun akka ofii isaatti waan bu'uura godhatee geeraruufi waan himatu yookaan ittiin dhaadatu hinqabu. Garuu, firoottan isaa beekamtii waan qabaniif innis beekamtii isaanii fayyadamee geeraruu akka barbaadu ibsa. Ka'umsi geerarsa isaa geeraruuf akka fedha qabuufi sodaas akka qabu agarsiisa. Sarara tokkoffaafi lammaffaa irratti "*Takka bookkisuu laata, narraa hin fokkisuu laata?"* jedha. Bookkisuun geeraruuf fedha qabaachuu isaa agarsiisa. Garuu, narraa hin fokkisuu laata jechuun isaammoo ofitti amanamummaa dhabuu isaa agarsiisa.

Sararoonni "*Eessumni koo qeerransa, lammiin kooleenca korma"* jedhan akkuma qeerransaafi leencaa firri koo cimoo kanneen namni dura hindhabanne "Eenyutu na dura dhaabbataa? Anoo kan gootaatii geerarsa geeraruun qaba!" jedhee isaaniin dhaadatee geerarsa geeraruu eegaluu isaati. Osoon sanyii warreen gootaa ta'ee jiruu akkan hin geerarreefillee eenyutu na dhowwa jechuu isaati. Geeraraan kun beekamtii eessummaafi lammii isaa fayyadamaa jira. Adeemsa geerarsaa keessattis haadha, abbaa, firaafi lammii ofiitiin dhaadatanii geeraruun hawaasa biratti fudhatama qaba.

Oromoon caasaa ittiin walitti hidhamee jiraatu keessaa gosti yookaan balballi dhalootaa isa tokkodha. Gosa yookaan balbala isaa keessaa namni beekamaan tokko yoo jiraate maqaa isaatiin geeraruun nidanda'ama. Geeraraan kunis kanatti fayyadamee geerarsaaf haala mijeeffata. Egaa, Oromoon akkaataa kanaan ilmaan isaa waa'ee gosa isaanii akka baran, eenyummaa isaanii akka ibsataniifi haala jiruufi jireenyaa akka hubatan taasisa.

Geerarsi armaan gadii kunis beekamtii namni tokko hawaasa keessatti qabu wajjin kan walqabatuufi ilaalcha hawaasni adeemsa dhalootaan walqabatee qabuun kan ibsudha.

Ka'een irraa jijjigsaa,
Akka baasaa dinnichaa,
Maafan ukkaamsaan du'aa,
Akka ilma sanyiin qabnee,
Akkalma sanyoon dhalchee!
Akkalma sanyoon dhalchee!

Geerarsa armaan olii kana irraa eenyu geeraruuf akka mirga qabuufi eenyummoo geeraruuf ofitti amanamummaa akka hin qabne hubachuu nidandeenya. Namni abbaan isaa beekamaa ta'e sodaa, qaaniifi yaaddoo malee yoo geeraru, namni sanyoo irraa dhalateefi diqaalaa ta'emmoo haamlee ittiin geeraru akka hinqabnedha. Sababani isaa, hawaasni geerarsa fayyadamuun eenyummaa hawaasa keessatti fudhatama qabuu jajjabeessee, kan hawaasa keessatti fudhatama hinqabne immoo niqeeqa. Kanaafuu, namni diqaalaa ta'e tokko qeeqa sodaatee toora geerarsaa keessa seenuu dhiisuu nidanda'a. Geeraraan kun garuu geeraruuf akka mirga qabu, ilma abbaan isaa dhalche ta'uufi nama eenyummaa isaatiin boonudha.

Geerarsa abbaan arge akka hin geerarreefi namni geeraru immoo sababa qabaachuu akka qabu ragaan afgaaffiin argames niibsa. Kana malees, geeraruuf ulaagaa geerarsaaf barbaachisu guutuun hojii dirqamaati. Geeraraan dhimma irratti geeraramaa jiru tokko irratti gaaffii ka'uuf deebii qabaachuu qaba. Ragaan dabalataan afgaaffiin raghimtoota irraa argame akka ibsuttis namni tokko carraayyuu argatee waan isa yookaan abbaa, haadhaafi lammii isaa hinibsineefi soba ta'e geerara taanaan dabareen harkaa fuudhama. Kunimmoo jalaa cookatti fayyadamuudhaan kan raawwatu ta'a. Kanaafuu, geeraraan kunis karaa sanyiis ta'ee, gama dhalootaan mudaa kan hinqabne ta'uu isaa ibsa.

Karaa biraatiin, namni diqaalaa dhalateefi kan sanyii isaa hinbeekne haamlee ittii geeraru akka hinqabne walaloo geerarsaa kanarraa hubachuun ni danda'ama. Geeraraan kun sarara "maafan ukkaamsaan du'a, akka ilma sanyii hin qabnee, akka ilma sanyoon dhalchee" jechuudhaan ilma abbaa isaa dhalche ta'uufi geeraruuf fedha akka qabu akeeka. Hawaasa keessatti namni sanyiin isaa hinbeekamne, kan abbaan isaafi maddi isaa adda hinbaane fudhatama waan hin qabneef geeraruuf haamlee hinqabu. Geeraraan kun garuu ani kana hunda irraa bilisadha jedha. Ani diqaalaa miti, sanyoo irraa hin dhalanne, sanyiis qaba; kanaafuu, ukkaamsaan hindu'u nan geerara jedha. Walumaa galatti, walaloon geerarsaa kun waa'ee beekamtii waliin wal qabata.

Gama Kaka'umsa Hojiitiin

Fedhii, milkaa'inaafi carraaqqiin namni tokko hojiif qabu milkaa'ina jireenya isaa keessatti ga'ee guddaa qaba. Kaka'umsa namni tokko hojii hojjetanii galma ga'uu irratti qabu eenyummaa isaa nimurteessa. Hawaasnis hojiif kaka'umsa namni tokko qabu akkaataa ittiin ibsu niqaba. Kan hojii jaallatu jajjabeessaa, kan fedha hojii hinqabne immoo qeeqaa, milkaa'ina hojii hojjechuun keessa jiru faarsaa, adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti wal eenjisaa walii wajjin jiraata. Akka Taylor (2008) ibsuttis, hojiin gochoota namoonni guyya guyyaatti yeroofi leecalloo walitti qindeessuun raawwatan ta'ee, fedhii nuti naannoo jiraannu keessatti hojiif sochii taasisuuf qabnuudha.

Oromoon geerarsa fayyadamuudhaan fedhii hojii wal keessatti uuma. Eenyummaa nama hojjetee milkaa'eefi nama hojii hojjechuu dhiisee jireenya hiyyummaa jiraate wal bira qabuun dhiyeessa. Namni fedhii hojii hinqabne amala akkamii akka qabuufi namni fedhii hojii qabu akkamiin akka milkaa'e fakkeenya fudhachuudhaan fedhii wal keessatti uuma.

Ilaamereet yaa ijoollee,
hundumaa keessan jiraa,
maal keessaa na dhabanii,
baarzaafii tarree tarree,
hiriyaan tarree tarree,
na ilaalimee ya ijoollee,
halkan geengoo jalliseen,
barii ontuu fannisee,
ittan beeka Qalboon kee,
buna lagarran dhaabee,
fuudheen hunda obaasee.
fuudheen gabaatti baasee.

Walaloon geerarsa armaan olii kan hojii qonnaaf nama jajjabeessudha. Hojiin qonnaa hojii humna guddaa gaafatuufi mala ittiin qotanii dilbii galchan beekuu waan barbaaduuf hawaasni geerarsatti fayyadamee waljajjabeessee; mala isaas walitti agarsiisa. Geeraraan kun hojii qonnaa garaagaraa hiriyoota isaa waliin ta'ee hojjechuu isaafi ofiis hojii adda adddaa akka hojjetu agarsiisuuf "hunduma keessan jira, maal keessaa na dhabanii" jedha. Kana malees, hiriyoota waliin akka hojjetu ibsuuf "hiriyaan tarree tarree" jechuun nama waliin waliigalee hojjechuu isaa agarsiisa. Hojii qonnaan milkaa'uufi bu'aa barbaachisu argachuuf waliin ta'anii daboodhaan hojjechuun mala filatamaa akka ta'e geerarsa kana irraa hubachuun nidanda'ama.

Akka geerarsa armaan olii kanaatti, qonnaan bulaan tokko hojii garaagaraa yoo hojjete caalmaatti bu'aa gaarii argachuu akka danda'u hubachuun nidanda'ama. Akka

walaloo geerarsa kanaatti qonnaan bulaan kun baargamoo hedduu dhaabeera. Akkasumas, buna dhaabee oomisha isaa gabaaf dhiyeessee galii irraa argateera. Kana gochuu isaatiin immoo, hawaasallee akka tajaajile waan oomishe gabaatti baasuu isaatiin ibseera.

Kana malees, qonnaan bulaan kun yeroo hojii idilee qofaatti osoo hin taane halkaniifi ganama bariillee akka hojii hojjetu ibseera. Sababni isaa hojiin qonnaa hojii yeroofi humna guddaa gaafatudha. Nama yeroo isaa kennee hojjeteefi humna isaa osoo hinqusatiin hojjetetu oomisha ga'aa argachuu danda'a. Kanaafuu, hawaasni Oromoos maloota ittiin qotanii milkaa'uu danda'aniifi gosa oomishaa naannoo sana keessatti calla gaarii kennu walhubachiisuuf geerarsatti fayyadamee hubannoo walii kenna.

Walumaa galatti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti hojii yeroon qooduu dhiisuun, hiriyaafi hawaasa naannoo wajjin walii galtee qabaachuufi oomisha gosa adda addaa irratti xiyyeeffachuun hojii qonnaa keessatti kallattii milkaa'inaa ta'uu nidanda'a. Qonnaan bulaa yeroo qabu hundatti fayyadamu qonnaan bulaa milkaa'aa ta'edha. Kanamalees, hojii qonnaa keessatti gareen ijaaramanii hojjechuuf fudhatamummaa qonnaan bulaan sun hawaasa keessatti qabu murteessaadha. Itti dabalees, gosa oomishaa galii guddaa qabu irratti xiyyeeffachuunis bu'aa caala argamsiisuu kan danda'udha.

Kana malee, geeraraan armaan olii kun maquma isaa eeruudhaan geerarsa armaan gadii dabalataan geerare.

Ittan beeka Qalboon kee
Beeka maalan wallaala
Deega allaattitu awwaalaa
Itti jedheen fottoksee
Hiyyummaa ofirran ittisee
Deega seenaa taasisee

Ergaan geerarsa armaan olii irraa hubatamu, hiyyummaa ofirraa kaasuuf hojii humnaafi xiyyeeffannoo cimaadhaan hojjechuun barbaachisa akka ta'edha. Hiyyummaa keessaa ba'uuf immoo akkaataa hojii beekuun barbaachisaa akka ta'e ibsuuf "Itti beeka Qalboon kee, beeka maalan wallaala" jedha. Waan hojjetamuu qabu, haala keessatti hojjetamuu, yeroo hojjetamuu qabu beeka jechuu isaati. Egaan, qonnaan bulaan tokko maal akka hojjetu, akkamitti akka hojjetuufi waqtii hojii sanaa beeknaan oomisha gaarii argatee hiyyummaa ofirraa fageessuu nidanda'a.

Goolaba

Geerarsaan Oromoon eenyummaa isaa kallattii garaagaraatiin ibsatee eenyummaa

barbaadamu tokko walii isaa keessatti cobsa. Hawaasa keessa eenyummaawwan akkamii akka jiran, isaan keessaa isa kamtu fakkeenyummaa gaarii akka qabuufi miidhaa amala badaa qabaachuu geerarsa isaan ibsata. Gama tokkoon ana jedhee eenyummaa mataa isaa, karaa biroo nuti jedhee eenyummaa gosa, balbalaafi maatii isaa, sanaa olimmoo eenyummaa akka uummataatti jiru kan waloo isaa geerarsaan sagalee hawwataadhaan yeedaleessee walbarsiisee; walgorsa. Qorannoo kana keessattis eenyummaawwan kun haala kanaan haa xiinxalaman malee tokko tokkoon isa kan biraa keessa jira.

Geerarsi kallattii garaagaraatiin eenyummaa dhuunfaa ijaaruuf ni gargaara. Geerarsa keessatti namni tokko waa'ee ofii isaa amala qabu, haala jireenya dhuunfaa isaa, waan dinagdeen fakkaatu, sadarkaa hawaasa keessatti qabu, waan ittiin addatti beekamuufi beekamuu barbaadu, fedha hojiif qabuufi isaan immoo maal akka argate geerarsaan ibsata. Kana keessatti eenyummaa hiyyummaan namaa kennituufi kan soorummaa, gumaacha beekamtii qabaachuun qabuufi miidhaa beekamtii dhabuu, milkaa'ina mana hojii jaallatuu, fakkeenya nama fandalalaa ooluu walbira qabee dhiyeessuun kaanis akka irraa waan tokko hubatu taasisa. Oromoon geerarsa isaan kana hunda kan taasisu immoo walqooduu, kaan gadi buusuu, safuu cabsuufi haamlee walii tuquuf osoo hin taane, kanneen amala barbaadamu hinqabne itti dheekkamee barsiisuufidha. Amala afoolaa keessaa inni ijoon tokkos amala badaa balaaleffatanii amala gaarii immoo jajjabeessuudha. Isa badaa balaaleffachuun gara gaariitti fiduuf yoota'u, gaarii jajjabeessuun immoo gara gaarii caaluutti ceesisuufidha.

Galata

Qorannoo kana geggeessuu keessatti maanguddoonni, dargaggoonniifi hojjettoonni waajjiroolee garaagaraa ragaalee barbaachisoo kennan haa galatoomani. Itti dabalees, yuunivarsiitii Mattuu baasii hunda danda'ee carraa barumsaa naa kennuufi yuunivarsiitiin wallaggaa immoo baasii qorannoo kanaaf barbaachisu naa ramadee carraa barumsaa kana naa kennuu isaaniif galanni koo guddaadha.

Ga'ee Barreessitootaa

Namoonni sadan qorannoo kana keessatti hirmaatan ga'ee garaagaraa qabu. Qorataa tokkoffaan qorannoo kana wixinee qopheessuu irraa kaasee ragaalee dirreetti ba'ee erga funaanee booda xinxiiluudhaan adeemsa maxxaansaa kan raawwachiise yoo

ta'u, barreessitootni lammaffaafi sadaffaanimmoo adeemsa qorannichaa keessatti barreessa tokkoffaa gorsuufi qajeelchuun gumaachaniiru.

Ibsa Waa'ee Barreessitootaa

Waaqgaarii Tasfaayee, Yuunivarsitii Mattuutti barsiisaa Afaaniifi Ogbarruu Oromoo yoota'u, yeroo ammaa Barnoota Afaaniifi Ogbarruu Oromoon Yuunivarsitii Wallaggaatti digirii sadaffaa barachaa jira.

Waktola Wakjira (As. Professor), Yuunivarsitii Wallaggaa Muummee Afaaniifi Ogbaruu Oromootti barsiisaa, gorsaafi qorataadha.

Guddataa Abdiisaa (As. professor) yeroo ammaa Yuunivarsitii Wallaggaatti, Muummee Afaaniifi Ogbaruu Oromootti barsiisaa, gorsaafi qorataadha.

Wabiilee

Aguilar, J. (2016). Folklore and the Construction of National Identity in Nineteenth Century Russian Literature. Columbia University: (PhD Dissertation)

Aldis, P. (1997). Folklore and Identity: The Situation of Latvia. Folklore (Tartu). 4.10.7592/FEJF1997.04.aldis 1

Asefa Jaleta. (2007). Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism. Oromia Publishing Company: Atlanta Georgia.

Bassi, M. (2005). *Decisions in the Shade: Political and Juridical Processes among the Oromo-Borana* Trenton, NJ: Africa World Press.

Bauman, R. (1972). Differential Identity and the Social Base of Folklore. *Toward New Perspective in Folklore*. Eds. Paredes, Americo and Richard Bauman. Austin and London: The University of Texas Press, pp. 31-41.

Bourdieu, P. (1987). What makes a social class? On the theoretical and practical existence of groups. *Berkeley Journal of Sociology*, 32, 1-17.

Boyles, Ch. (2012). (Re) covering Lost Lore: Folklore Adaptations in Zora Neale Hurston and Gloria Naylor. Baylor University: (Unpublished MA Thesis)

Cerulli, E. *(*1922). *Folk Literature of the Galla of Southern Abyssinia*. Vol. 3: Harvard: African Studies.

Christiansen, C. (2004). Occupation and identity: becoming who we are through what we do. In C. Christiansen & E. Townsend (Eds.), *Introduction to occupation: the art and science of living* (pp. 121-139). Upper Saddle River, NJ: Pearson Education Inc.

Coposescu, S. (2011). Aspects Of Identity Construction in the Context Of Globalization. Bulletin of the

Transilvania University of Brasov Series VII: Social Sciences • Law • Vol. 4 (53) No. 2

Dorson, R. (1972). Folklore and Folklife: An Introduction. Chicago: The Universty of Chicago Press.

Drudy, S. (1991). The Classification of Social Class in Sociological Research: British Journal of Sociology, 4, 2: pp. 24–41.

Dundes, A. (1983). Defining Identity through Folklore. Identity: Personal and Socio-Cultural; a Symposium. Ed. Jacobson-Widding, Anita. Uppsala: Humanities Press, pp. 235-61.

Gemechu Megersa. (1993). Knowledge, Identity and the Colonizing Structure: The Case of The Oromo in East and Northeast Africa. London: University of London, School of Oriental and African Studies (PhD Dissertation).

Giddens, A. (1991). *Modernity and self-identity: self and society in the late modern age*. Stanford CA: Stanford University Press.

Gleason, P. (1983). Identifying Identity: A Semantic History. *The Journal of American History* 69.4: 910-31.

Hewitt, J. P. (1994). *Self and society: a symbolic interactionist social psychology* (6th ed.). Boston: Allyn and Bacon.

Huntingford, G. (1955). *The [Oromo] of Ethiopia; the Kingdoms of Kaffa and Janjero*. Ethnographic Survey of Africa, North-Eastern Africa I. Ed. Forde, Daryl. London: International African Institute.

Hultin, J. (1987). The Long Journey: Essays on History, Descent and Land among the Macha Oromo. Uppsala, Sweden: Uppsala University.

Jones, S. (1997). *The Arcaeology of Ethnicity: Constructing Identities in the Past and Present*. London: Routledge.

Kannapurany. (2016). Prospective study of folk literature: Cultural identity. International Journal of English Research .Volume 2; Issue 3. Page No. 20-22

Knutsson, K. (1963). Social Structure of the Mecca Galla. *Ethnology* 2.4: 506-11.

Lewis, H. (1964). A Reconsideration of the Socio-Political Systems of the Western Galla. *Journal of Semitic Studies* 9: 139-43.

Oring, E. (1994). The Interests of Identity. *Journal of American Folklore* 107.424: 242-47.

Owen, R. (1995). First published as *El construccionismo socialy la teoria, practica e investigacion en psicoterapia: Un manifiesto psicologia fenomenologica*. (trans I. Caro). Boletin de Psicologia, 46, 161-186.

Schwadel, Ph. (2017). Social Class: Handbook of Religion and Society. https://www.researchgate.net/publication/301801173

Sumner, C. (1996). *Oromo Wisdom literature: Proverbs, Songs, Folktales: An Anthology of Oromo literarure*. Addis Ababa: Guddina TumsaFoundation.

Taylor, A. (2008). The Construction of Identities Through Narratives of Occupations. Institute of Health and Social Care Research School of Health Care Professions University of Salford, Salford, UK (PhD Dissertation).

Tesema Ta'a. 1980. "The Oromo of Wollega: A Historical Survey to 1910." Addis Ababa: Addis Ababa University (MA thesis).

Tesfaye Tolessa . (2019). A History of Oromo Literature and Identity Issues. (c. 1840-1991). Addis Ababa University. (PhD Dissertation).

Wright, E. O. (1993). Typologies, scales, and class analysis: a comment on Halaby and Weakliem's 'ownership and authority in the earnings function. *American Sociological Review*, 58(1), 331-34.